



# FAYYUMMAA MANAA FI MAATII **KEESSANII/EEGAA**

Saaxila keessan kan **PFAS**  
(per- and polyfluoroalkyl substances) hir'isaa



Maxxansa: 20-04-0430M  
Caamsaa 2024

Bakka jireenyaa ADA gaafachuuf, lakkoofsa bilbilaa 360-407-6700 irratti ykn iimeelii  
[hwtrpubs@ecy.wa.gov](mailto:hwtrpubs@ecy.wa.gov) Ecology qunnamaa. Tajaajila Rileey Waashingtoniif ykn TTY'f 711  
ykn 877-833-6341 irratti bilbilaa.

# MAAL KEESSATTI ITTI FAYYADAMU **AKKASUMAS MAALIIDHA?**

PFAS garee keemikaalota danqaa bishaanii fi xurii dandamatu uumuuf gargaaranidha. Jiidhina irraa kan eegu yoo ta'u, kanaafidha oomishtoonni baay'een oomishaalee fayyadamaa isaanii keessatti kan itti fayyadaman,<sup>1,2</sup> kanneen akka:



Meeshaalee nyaata  
bilcheessan kan Nyaanni  
irattii hin maxxanne



Meeshaalee  
fudhachuuf  
barbaachisan



Afataa fi  
huccuuwwan



Omacha Ibidda  
dhaamsuu



Uffata bishaan hin  
seensine



Qulquelleessuu  
oomishaalee



Wal'aansa xurii- &  
bishaan-dandeessu

## PFAS **MAALIIDHA?**

*PFAS garee keemikaalota summii qaban kanneen oomisha keenya, mana keenya, qaama keenya fi naannoo keenya keessaa guutummaatti gonkumaa hin baane dha.*



PFAS naannoo  
keessaa gonkumaa  
hin badan, kanaaf

**"keemikaalota bara  
bara" jedhamanii  
waamamu.**

### Kutaaleen biyyatti 43

bishaan dhugaatii  
PFAS'n faalame kan  
qaban yoo ta'u,

### namoota miiliyoona 19

ol miidheera.



### Omachi ibidda dhaamsuu

madda faalama PFAS  
oomishaalee  
shakkaman ijoodha.

Lammileen Ameerikaa gara

**%100**

dhiiga isaanii keessa

### ta'an gosa PFAS tokko tokko

qabu.



<sup>1</sup> <https://ecology.wa.gov/Oomishaalee-Nageenya-WA>

<sup>2</sup> <https://apps.ecology.wa.gov/publications/summarypages/2004019.html>

## AKKAMITTAN SAAXILAMUU DANDA'A?

Oomishaaleen mana keessan keessa jiran akkuma irraa jalaan manca'anitti PFAS gadhiifamuu danda'a. Fakkeenyaaaf, uffannaan guyyaa guyyaan keessanii fi hancuufni qufaa keessanii PFAS gadhiisuu danda'a. Erga gadhiifamee booda, PFAS awwaraa fi qilleensa mana keessan keessa jiru keessatti kuufama.



Daandiiwwan saaxilamummaa beekamoo biroo kanneen akka:



Nyaata ykn  
bishaan faalame  
**YOOKIN**

Qunnamtii  
oomishaalee  
PFAS of keessaa  
qaban waliini.



PFAS bishaan keenya keessatti  
maaliif argama?

Omachi ibidda dhaamsu PFAS of keessaa qabu  
bishaan lafa jalaa keessa dhangala'uun karaa sirni  
bishaanii keenya itti faalamu keessaa isa tokkodha.


★ Saaxilamummaa PFAS hir'isuuf tarkaanfii fudhatame



\$1M  
ol

Sirna bishaan faalame tokko  
irratti baasii calaltuu PFAS  
dhaabuuf barbaachisu.

## AKKAMITTI DHIBBA ANAIRRATTI UUMUU DANDA'U?




Summii sirna ittisa  
qaamaa




Summii  
walhormaataa



Summii guddinaa



Kaansarii tokko-  
tokko



Summii qaamaa

# SAAKILAMUMMAA ITTISUUF **MAAL GOCHUUN DANDA'A?**

Balaa PFAS mana keessan keessatti mul'atu hir'isuuf tarkaanfiwwan fudhachuu dandeessan muraasni kunooti:



## Oomishaalee PFAS bilisa ta'an bitachuu.

Daldaltoota oomisha isaanii keessa maaltu akka jiru gaafachuudhaan PFAS mana keessan akka hin seenne ittisaa.

**Oomishaalee akka xurii fi bishaan-damdamatan gabaaf dhiyaatan irraa fagaachuu.** Akkas jedhaa of gaafadhaa, "Dhugumaan oomishni mana koo keessa jiru kun xurii kan hin damdamannee ta'u qabaa? Waan yeroo baay'ee miiccuu danda'uudhaa?"

**Yeroo baay'ee mana keessan qulqulleessuu fi awwara itti naquu.** PFAS awwaraa fi meeshaalee lallaafaa akka afataa keessatti walitti qabamuu danda'a. Yeroo baay'ee lafa duwwaa gochuu fi saaxilamummaa hir'isuuf calaltuu HEPA qabu fayyadamuu. Kun keessummaa daal'immanii fi beeyladoota manaa yeroo baay'ee lafa irratti dabarsan eeguuf barbaachisaa dha.

### Kophee keessan balbala irratti dhiisaa.

Keemikaalota summii qaban kophee keenyan gara mana keenyaatti fiduu dandeenya.



## Yeroo danda'ametti meeshaalee nyaata bilcheessan kan hin maxxanne irraa fagaachuu.

Meeshaalee nyaata bilcheessuu kan nyaanni irratti hin maxxanne fayyadamuun PFAS gara mana keessanitti gadhiisuu danda'a. Kanaa mannaa, bilcheessituu sibiila fayyadamaa. Yoo meeshaalee nyaata bilcheessuu kan hin maxxanne fayyadamt, ho'a isaa 400° F gad gochuu, akkasumas erga bilcheessituun sun adda ciccitee ykn ciramee booda fayyadamuu dhiisaa.

**Mana keessan keessa qilleensa galchaa.** Foddaa banuun qilleensa naannootti akka naanna'uuf gargaara akkasumas qilleensa mana keessaa fi awwara dhaabbataa ta'e keessatti keemikaalota summii qabaniif akka hin saaxilamne taasisa.



[ecology.wa.gov/ToxicsInProducts](http://ecology.wa.gov/ToxicsInProducts) yookiin [ecology.wa.gov/PFAS](http://ecology.wa.gov/PFAS)



[SaferProductsWA@ecy.wa.gov](mailto:SaferProductsWA@ecy.wa.gov)